# Dhaga'aa ajajamaa, wanti isaan baachifaman isaan irra jira, wanti isin irratti baachifamtanis isin irra jira

Waa'il Al-Hadrami irraa odeeffamee akkana jedhe: Salamaan bin Yaziid Al-Ju'ufi -Rabbiin irraa haa jaallatu- Ergamaa Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkas jedhee gaafate: Yaa Nabiyyii Rabbii, bulchitoonni haqa isaanii nu gaafan, haqa keenya immoo kan nu dhoorgatan yoo nurratti taayitaa argatan mee maalitti nu ajajja? irraa garagalan, eegasii deebi'ee isaan gaafatee jennaan, ammas irraa garagalan, eegasii yeroo lammaffaa ykn sadaffaatif isaan gaafatee jennaan, Al-Ash'as bin Qeysii isa harkise, isaanis akkana jedhan: «Dhaga'aa ajajamaa, wanti isaan baachifaman isaan irra jira, wanti isin irratti baachifamtanis isin irra jira».
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni isaan irra haa jiraatu- waa’ee bulchitoota haqa isaanii kan isaanif dhaga'uu fi ajajamuu irraa ta'e namoota irraa barbaadan, haqa namootaa kan isaan irra jiru kan akka haqaan bulchuu, boojuu isaanif kennuu, komii sirreessuu fi walqixxummaan namoota ilaaluu immoo kan hin raawwanne ilaalchiisee maal godhuu qabnaa irraa gaafataman? Dhimma kana akka waan jibbanitti Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- irraa garagalan, garuu gaafataan yeroo lammataa fi sadaffaa irra deddeebi'ee gaafate. Al-Ash'as bin Qeysii -Rabbiin irraa haa jaallatu- namicha gaafataa jiru san callisiisuf jecha isa harkise. Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jechuun deebisaniif: Waan isaan jedhan dhaga'aa, ajaja isaanis tole jedhaa; wanni baachifamanii itti ramadaman kan akka haqaan bulchuu fi haqa hawaasaa kennuu isaan irra jira, isinis wanni baachifamtan kan akka ajajamuu, haqoota geessuu fi rakkina irratti obsuu isin irra jira.

https://sunnah.global/hadeeth/om/show/5037

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee